# Ibsa Ejjannoo Kora Gamtaa Kutaa ABO Australia fi Kutaa ABO New Zealand

## Amajjii 02 bara 2013

Korri Gamtaa Kutaalee ABO Australia fi New Zealand Mudde (Dec) 28 – 30 bara 2012 gaggeessame milkiin xumuramee jira. Korri kun qabxiilee fardii tattahan, haala qabsoo bilisummaa Oromoo fi sochii itti jiramu kan gabbisan yaadotni marii ijaaroo tattahan, bal'inaan mariyatamaniiru. Xumura kora gamtaa kana irrattis ibsi ejjannoo armaan gadii miseensota hirmaattota korichaan baasamee jira.

Ibsaa fi qajeelfama H. D. ABO, jaal Dawud Ibsa kora gamtaa kanaaf teleconferencen Mudde (Dec) 29 bara 2012 kennan bu'ura fi irraa ka'umsa godhachuudhaan:

1. Kutaaleen keenya 2n jechuun kutaan ABO Australia fi New Zealand haala nuuf mijjate hundaatti gargaaramuun, akkaataa itti gamtaan Qabsoo Bilisummaa Saba keenyaatti gumaachinu irratti waliin hojjachuuf murteessanne.
2. Dinagdeedhaan dhaaba keenya tumsuuf, galii burqsiisuus tahe madda galii guddisuuf ni carraaqna; karaa nuuf danda'ame hundaan irratti hojjachuuf waadaa sienna; waadaa kanas hujiin mirkaneessina.
3. Jaarmayaa keenya caalaatti guddisuu fi jabeessuuf, akkasumas hujii diplomacy babal'isuuf jabinaan sosso'uu fi hojjachuuf waadaa keenya haaressina.
4. Qabsoo Bilisummaa Oromoo caalaatti saffisiisuuf jecha sochii dhaabni keenya ABO Oromiyaa keessatti cichaan itti jiru dinqisiifachaa, nuti miseensotni mata mataattis tahe jaarmyaadhaan waan dandeeny hundaan itti gumaachuuf murteessanne. Waan dandeenyu hundaanis sochii Qeerroo Oromiyaa bakka jirutti tumsuuf waadaa keenya haaressina.
5. Sochii farreen Qabsoo Bilisummaa Oromoo fi diinaa murannoo fi kutannoodhaan dura dhaabbachuuf murteessanne.

6. Qabsoo Bilisummaa Oromoo saffisiisuuf jecha mooraa qabsoo Oromoo tasgabbeessuuf dhaamaatee fi tattaaffii dhaabni keenya ABO hanga har'aatti itti jiru jajachaa, har'as karoora dhaabni keenya mooraa qabsoo oromoo jabeessuuf itti jiru ni deggerra; waan dandeenyu hundaan itti gumaachina.
7. Sarbama mirga amantii ummata keenya irra geessisamaa jiru cimisinee mormina. Akkasumas amanatii sababeessachudhaan kam mootummaan Itophiyaas tahe farreen bilisummaa Oromoo saba keenya qabsoo isaa irraa dagachiisuus tahe dogoggorsuuf tattaafatan cimsinee balaaleffatna. Sabni Oromoo amantiin osoo isa hin daangessin Qabsoo Bilisummaa isaaf ABO waliin bakka jiruu akka hiriiru hiree kanaan gadi jabeessinee gaafanna; yaamicha lammummaas dabarsina.

Injifannoo Ummata Oromoof!!

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!!